

SEENAA

JAAL

NADHII



GAMMADAA

Jaal Nadhii Gammadaa Maqaan dhalootaa isaanii Qaasim Hajii Usmaan Roobaa jedhama. Maqaan ittin beekamu maqaa Qabsoo Nadhii Gammadaa jedhamuuni. Nadhiin bara 1955 kutaa Arsii Ona Zuwaay Dugdaa keessatti Abbaa isaa Haji Usmaan Roobaa fi Haadha isaa Aaddee Amiinaa Borsee irraa dhalate.

Jaal Nadhii Gammadaa obboleewwan dhiiraa saddeeti fi dubaraa 4 waliin dhalate.

Jaal Nadhiin barnoota isaatiin sadarkaa tokkoffaa irraa hanga yuunivarsiitiitti barataa cimaa ture. Qormaata Kutaa 12ffaa irratti qabxii olaanaa galmeessuun yuunivarsitii Finfinneetti ramadamuun oogummaa fayyaa barnoota faarmaasii barachaa ture. Barnoota isaa waggaa 1 ffaatti qabxii olaanaa galmeessudhaan barnoota waggaa 1 ffaa akkuma xumureen roorroo uummata Oromoo irratti rawwatamu jibbuun barnoota isaa addaan kutuun osoo maatii isaatti hin deebi'in bara 1986 ABOtti makame.

Nadhiin bara1993 wal ga'ii ABO irratti hirmaachuf waardiyoota isaa ja'a (6) wajjiin osoo gara iddoo #Bookee-27 jedhamuutti deemuuun bakka #Askoo jedhamu kan daangaa Arsii fi Harargee jidduutti argamtuu butamee achi buuteen isaa dhabame. Nadhiin goota sammuu qaroo kan YOO dubbatu haasawa isaa jechoota akka rasaasaatti onnee nama rukutu kan sagalee onnattummaafi kutannoon dubbatu sanaan hedduu beekama. Akkuma sagalee haasawa isaa Nadhiin goota murannoo fi kutannoo dhugaa qabuudha.Dhaadannoowwan gadiis dhaadannowwan muraasa jaal Nadhiin ittiin beekamudha.Isaanis:-

"Biyya keenya jaalannu nama wajjiin qooddanna, feenu immoo akka barbaadnetti bulfachuun mirga keenya!"

"Osoo alagaan biyya keenyarratti nu bulchuuf lafa dhiituu kan nutti hidhatee muratee dhaadatu; nuti ammoo mirga keenya kabachiisuudhaaf wanti murachuu nu hanqisu hin jiru!"

"Hiree Uummata Oromoo kan murteessu Uummata Oromooti malee; anatu sii beeka karaa kana deemu malee kan nuun jedhuu fi kan afaan qawweetiin nu doorsisu jiraatu Uummanni keenya fudhachuuf qophii miti!"

"Seenaa Abboota keenyaa kan Aanooleetti dhumanii san jiraachisuun biyya keenya Oromiyaa harka oromooti,; Oromiyaa harka ilmaan haqaa kan Oromoo Uummata Oromootiif dhaabbataniitti galchuu qofaani!"

"Hundi Keenyaayyuu Uummanni Oromoo bakkayyuu harka wal qabannee waliin dhaabannee waan warri Aanooleetti wareegamaniif san gatii itti godhuudhaaf fuulduratti haa tarkaanfannu!"

"Oromoon tokko amantiin addaan hin baahu; Oromoon gosaan addaan hin bahu. Lagaan addaan hin bahu; Gaaraan addaan hin bahu; Kan Oromoo adda qooduuf tattaafatu haa badu!"

"Biyya Oromoo irratti abbaan biyyaa Oromoodha. Biyya Oromoo irratti Oromoo malee namni biraa murteessuu hin danda'u. Kan warra biraa nurratti murteessisuuf dhidhiibu haa badu!"...

Jaal Nadhii Gammadaa akkuma barnootaa maatii isaa biraa manaa bahetti barnoota isaa addaan kutuun roorroo saba isaa irra gahaa jirtu sammuun isaa taa'ee ilaalu waan dadhabeef qabsoo Oromoo ABO dhaan gaggeeffamutti makamuun hanga har'aatti achi buuten isaa dhabame. Jaal Nadhii Gammadaa naannoo Tigraay keessatti hidhamee dararamaa jira kan jedhuu fi Nadhiin ajjeefameera kan jedhu yaadota qabatamaa hin taanetu jiru. Uummanni Oromoo

goota sabaaf jedhee achi buuteen isaa dhabamte barbaadachuun dirqama
Oromummaati.

Achi buuteen kee dhabame akka miila Bakar Waaree...waljaalachaa



waldhabnaaree?

HACAALUU HUNDEESSAA.

Hag,

6415Dh.O/2021GC

